Dambii Lakk. 175 /2008

**Dambii Kenna Tajaajilaa fi Bulchiinsa Fayyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 56/1997 Fooyyessuuf Bahe**

Rakkoowwan kenna tajaajilaa fi bulchiinsa dhaabbilee fayyaa Naannichaa hiikuuf dambii kenna tajaajilaa fi bulchiinsa fayyaa hojiirra jiru fooyyessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkataata Labsii Lakk. 163/2003 keewwata 65 (2) tiin dambiin kanatti aanu bahee jira.

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Kenna Tajaajilaa fi Bulchiinsa Dhaabbilee Fayyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 56/1997 Fooyyessuuf Bahe Lakk. 175 /2008"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Fooyya'iinsa**

   1. **Keewwatni 16 keewwati xiqqaan 5** haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:

      **16 (5)'** Deeggarsa tajaajila nyaataa haadholee ulfaa buufata fayyaa keessatti da'aniif hawaasa irraa sassaabamuu fi deeggarsa akaakuu yookiin maallaqaa fi kan biroo;

   2. **Keewwata 18 keewwati xiqqaa 8 tti** aanee keewwattoonni xiqqaan 9 fi 10 dabalamaniiru:

      **9'** Gatiin gurgurtaa qorichaa, meeshaalee yaalaa dhumataa fi ri'ejentiin laabooratorii gatiin isaanii kan itti bitamanii (invoice price) irratti hanga baaxii % 25 dabaluun kan gurguramu ta'a.

      **10'** Keewwata kana keewwata xiqqaa 9 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, gatiin bittaa qorichaa, meeshaalee yaalaa dhumataa fi ri'ejentiin laabooratorii baasiwwan biroo bittaa waliin walqabatu hin dabalatu.

   3. **Keewwatni 29 keewwati xiqqaa 1 (b)'**n haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:

      **29(1)(b)'** Tajaajiloota da'umsa duraa, da'umsaa, da'umsa boodaa fi karoora maatii dhaabbilee fayyaa hunda keessatti kennamu;

4. **Keewwatni 29 keewwati xiqqaa 1 (h**)'n haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:

   **h)'** Tajaajila yaalaa fi ittisa dhukkuba busaa;

5. **Keewwatni 29 keewwati xiqqaa 1 (j)'n** haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:

   **j)'** Sababa hojii ogummaa isaanitiin dhibeewwan fayyaa hojjattoota fayyaa muudachuu danda'an ilaalchisee tajaajila talaallii, ittisaa fi yaalaa kennuu;

**3. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun Onkoloolessa 19 Bara **2008** irra eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Muktaar Kadir

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Finfinnee

Onkoloolessa 19 Bara 2008